# Sheyxaanni osoo inni rafu booda mataa isaa irratti hidhata sadii hidha. Halkan dheera qabdaa rafi jechuun hidhaa hunda irratti rukuta

Abuu Hurayraa irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhan: «Sheyxaanni osoo inni rafu booda mataa isaa irratti hidhata sadii hidha. Halkan dheera qabdaa rafi jechuun hidhaa hunda irratti rukuta. Yoo inni dammaqee Rabbiin zakkare hidhaan tokko ni hiikama. Yoo wuduu'a raawwate hidhaan biraa ni hiikama. Yoo salaate hidhaan tokko ni hiikama, nama gaarii mirqaana qabu ta'ee isaaf bari'a, akkas ta'uu baannaan nama hamaa dadhabaa ta'ee isaaf bari'a».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- haala sheyxaanaa fi qabsoo inni nama salaata halkaniitif ykn subhiif ka'uu barbaadu waliin godhu himan. Mu'uminni tokko yeroo rafuuf deeme Sheyxaanni mataa isaa irratti hidhata sadii ni hidha-jechuunis: booddee mataa isaa irratti jechuudha-. Yeroo mu'uminni dammaqee Rabbii ol ta'e zakkaree waswaasa shexaanatiif owwaachuu dhabe; Hidhaan tokko ni hiikama. Yoo wuduu'a raawwate hidhaan inni biraa ni hiikama. yoo ka'ee salaate hidhaan sadaffaa irraa hiikamee, nama gaarii mirqaana qabu ta'ee isaaf bari'a; sababni isaas Rabbiin kheyrif isa waffaquu fi mindaa fi araarama irraa waan Rabbiin isaaf waadaa galetti gammaduu isaatif jecha, kunis hidhaalee sheyxaanaa fi duubatti hanbisiinsa isaa irraa waan isa irraa deemeen waliini. Akkas ta'uu baannaan nama hamaa yaadda'aa qalbii, hojiilee kheyrii irraa ceem'aa ta'ee isaaf bari'a; Sababni isaas hidhaa sheyxaanaatin hidhamaa fi Rabbitti dhihaachuu irraa fageeffamaa waan ta'eef jecha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee